# Lolaa gara fuulduuraa irra of eguudhaaf tarkaanfiwwan shanan fudhachuu dendeessu

**Release Date: September 11, 2024**

kaaraaleen qabenyaa kessan lolaa irra ittisuu dendessan shanan kunoo:

1. **insuuraansii balaa irratii investii godhii:** Bishaan inchii tokko qofaadhan midhaa mallaqa dolaraa 25,000 akka fidu ni bektaa? Mana kee inshuraansii gahaa akka argatuf waa’ee filannoowwan uwwisaa bakka bu’aa inshuraansii kee waliin haasa’i. Akkasumas yaadadhu, balaa lolaadhaaf saaxilamuuf ykn uwisaa inshuraansii argachuuf bakka lolaa keessa ta’uu hin qabdu. Himannaan inshuraansii lolaa guutuu biyyattiitti dhibbeentaan 40 fi kaffaltiin gargaarsa balaa lolaa keessaa harki sadii naannoo balaa lolaa xiqqaa hanga giddu galeessaa ta’etti ilaalamutti kennama. Kana ilalii FloodSmart.gov caalaatti baruudhaf.
2. **Caccabaa Bu’uuraa ta'e Cufuu:** Bishaan akka hin seenne gargaaruuf caccabaa bu’uuraa ta;e guutuuf mortar fi masonry caulk fayyadamuu.
3. **Paampii Saampii fi Valve Dhangala’aa sirressu:** sump pumpii akka qabduu mirkanesuu **baatiirii hojjetuu akka bakka buftuu mirkannessu** akkasumas dhangala’aa bishaanii fi boolla bishaanii boollaa mana keessan irraa fagaatee ol deebi’ee akka dhiibuuf ogeessa pilaambaa qacaruuf yaada kessa galchaa.
4. **meeshaa barbachisan ol kaasuu:** Kondeensaroota qilleensa to’atan, paampii ho’aa, safartuu bishaanii, fi meeshaalee tajaajilaa biroo ol kaasuu . **yoo xiqqatee tarkanfii tokko** bakka lolaan hin qaqabnee ol kaasuu. Meeshaalee gurguddoo kan  biroo lafa irra ol kaasuu yaadaa.
5. **lafa bishaan yaa'u foyyessuf:** Naannoo bu’uuraatti bakka lixe kamiyyuu ijaari, bishaan sirnaan akka geessuuf gadi bu’iinsa xixiqqoo qotaa, yoo kana hin taane immoo mooraa kee fooyyessi. **akka fagaatu** mana kee irra.

**Federaallii mallaqaa, Balaa Mana Keessanii Hir’isuuf mallaqaan  Si Gargaaruu danda'u Argamuu Danda’a.**

Abbootiin qabeenyaa manaa FEMA waliin iyyataniifi gargaarsa balaa akka argatan tarkaanfiiwwan balaa hir'isuu addaa akka kaffaluuf maallaqa dabalataa argachuu danda'u. Lammiilee Minnesotaa balaan obomboleettii fi lolaa irra ga'e waxabbajji 16 – bitottessa 4 tti mudateen miidhamaniif, gargaarsi kun qilleensa olka'aa dandamachuuf foddaa keessan suphuu fi bishaan akka hin seenne gochuu, hoo'isaa bishaanii ykn iddoo ibiddaa keessan ol kaasuu fi/ykn lolaan gara fuula duraa akka hin uumamneef paanaalii elektirikii ol kaasuu ykn sochoosuu kan dabalatu ta'uu qaba. Maallaqni dabalataa kun maallaqa badhaasa abbootiin qabeenyaa manaa gargaarsa suphaa manaa FEMA'f ulaagaa guutan argatan keessatti ni kennama. Odeeffannoon dabalataa waa'ee qabenya fayiinansii keenyaa asitti argama waraqaa dhugaa saganta namoota dhunfaafii maatii balaa irra ga'ee jelaa salphisuu.

Dabalataanis,  liqusittonni liqii balaa Bulchiinsa seraa qabessa  Daldala Xiqqaa U.S. (SBA) ulaagaa guutan, balaa gara fuula duraa irraa eeguuf gargaaruuf tarkaanfiiwwan salphisuun mana isaanii ykn daldala isaanii irratti dabaluudhaaf miidhaa qaamaa waliigalaa irraa hanga %20 liqii isaaniif dabaluu ni danda'u. Caalaatti baruuf www.sba.gov/funding-programs/disaster-assistance ilaalaa.

Gorsa balaa lolaa hir'isuu daran argachuuf, ilaala www.FEMA.gov/protect-your-property. Waa'ee hojii balaa Minnesota keessatti raawwatamu baruuf websiyiitii kana dawwadha.www.fema.gov/disaster/4797.